WAQTII DHUKKUBNI GIFIRAA ITTI ARGAMEE JIRUUDHA

Gifirrii babal'achaa jira

Gifirri dhukkuba baay'ee daddarbaa vaayirasiin dhufudha. Keessattuu daa'immanii fi ijoollewwan xixiqqoodhaaf balaa qabaachuu danda'a. Maatii kee fi hawaasa kee eegi.

Dhukkubni gifiraa yeroo namni dhukkubsate qufa'u ykn haxxiffatu qilleensa keessaa babal'ata. Vaayirasichi erga namni dhukkuba gifiraa qabu bakka sana keessaa bahee booda sa'aatii 2f qilleensa keessa turuu danda'a. Baay'ee daddarbaa waan ta'eef namoota 10 keessaa gara 9 ta'an namoota dhukkuba gifiraa qabutti dhiyaatanii talaalliin hin fudhatiin ni qabamu.

Mallattooleen dhukkuba gifiraa erga vaayirasichaan wal qunnamee guyyoota 7 hanga 14 booda mul'ata. Mallattoowwan dhukkuba gifiraa beekamoo ta'an kanneen akka:

Ho'ina qaamaa olaanaa (gara 104°F ol olka'uu danda'a)

Qufaa

Jiidhina funyaanii/ furrii

Iji diimachuu fi/ykn imimmaan kuufachuu

Dhagni namaa shif jechuu/dhiita'uu (mallattoon dhukkubaa erga jalqabee guyyaa 3-5 booda ni cabsee ba'uu jalqaba)

Dhukkubni gifiraa rakkoo fayyaa cimaa fiduu danda'a, kanneen armaan gadii dabalatee:

Dhukkuba sombaa

Dhiita'uu sammuu dhukkuba sammuu (encephalitis) **jedhamu**



Du'allee ta'uu danda'a

Karaan hundarra gaariin dhukkuba gifiraa irraa ittisuuf ...

Talaallii gifiraa, dhiita'uu mormaa fi rubella(MMR) waliin jira. Talaallii fudhachuuf gonkumaa yeroon hin darbu/darbee hin qabu. Talaalliin si, namoota naannoo kee jiranii fi hawaasa kee eeguuf gargaara. Yoo talaallii hin fudhanne ta'e, hanga dhibeen gifiraa naannoo sanatti hir'atutti mana keessa turuu ykn bakka namoonni itti baay'atan irraa fagaachuu yaadaa, keessumaa namoota maatii keessan keessaa baay'ee dhukkubsachuu danda'an eeguuf.

Yoo ati ykn namni maatii kee keessaa tokko dhukkuba gifiraa qaba jettee yaadde, namoota biroo irraa fagaadhuutii ogeessa fayyaa, kunuunsa hatattamaa ykn kutaa balaa tasaaf bilbili.